# Karoora Tarsiimoo Madaallii

MAATILEE DAA'IMMAN UMURIIN ISAANII 3 - 21 TA'E QABANIIF

*- Odeeffannoo dabalataatiif,mallattoo sajoo kana irratti cuqaasaa.*

**1 Waa'ee barnoota daa'ima keessanii yaaddoowwan qabduu**
Barsiisaa daa'ima keessanii yookan daarektara barnoota addaa aanaa haasofsiisaa.

**2 Tarkaanfilee gidduu-galumsaa fooyya'aa Gaaffii Madaallii**
Aanaaleen mana barumsaa barattoota rakkachaa jiran hunda gargaarudhaaf qajeelfma akka sirreessan irraa eegama. Gaaffileen madaallii tarkaanfilee giddu-galumsaatin walfakkaatoo MITI.

Maatii Mirgoota

**3 Gaaffii Madaallii**
Madaallii barnoota addaa yeroo kamiyyuu gaafachuu dandeessu.

30 guyyoota

**Aanaan hir'ina qaamaa hin shakku**
Barnoota waliigalaatin itti fufuu …

YOOKAN filannoo waldhabdee furuu karaa Kutaa(Dippartimentii) Barnoota Ohaayihoo hordofaa" geessituu kanaan

PR-01

**4 Hir'inni qaamaa ni shakkama Eeyyama Madaallii**

PR-05

60 guyyoota

**5 Adeemsa Madaallii**
Gareen namoota gahumsa qabanii, maatilee dabalatu naannoowwan yaaddoo hunda keessatti madaallidhaaf karoorsuuf walitti qabamu.

Oolmaa daa'immanii dura (PreK)

Umurii barumsaa

**6 Garee Madaallii Jalqabaa Gabaasa xumuurame**
Gareen maatilee dabalatu firiilee gamaggamuuf walgaha.

**7 Gahumsa Adda Baasuu**

PR-02

ETR

30 guyyoota

Gareen gahumsaa daa'imni gahumsa kan hin qabne ta'uu murteessa
Barnoota waliigalaatiin itti fufuu

**8 Sagantaa Barnoota Dhuunfaa (IEP) jalqabaa qophaa'e**
Yoo gareen maatilee dabalatu, daa'imichi gahumsa qabaachuu isaa, IEP qophaa'uun murteessadha.

IEP(Karoora Barnootaa Dhuunfaa)

**9 IEP jalqabaa hojii irra oole**
Aanichi tajaajiloota IEP barataa keessatti dabalame akka kennu irraa eegama.

Ohio | Department of Education

# Karoora Tarsiimoo Madaallii

MAATILEE DAA'IMMAN UMURIIN ISAANII 3 - 21 TA'E QABANIIF

## 1. Waa'ee barnoota daa'ima keessanii yaaddoowwan qabdu

- Yoo waa'ee barumsa, guddina yookan dalagaa daa'ima keessanii yaaddoo qabaattan, barsiisaa daa'ima keessanii dubbisuu dandeessu. Akkasumas daarektara barnoota addaa Aanaa haasofsiisuu dandeessu.  Yoo namni kuni eenyu akka ta'e hin beekne, waajjira boordii dubbisuudhan maqaa fi odeeffannoo qunnamtii gaafachuu dandeessu. Daarektara daa'ima keessaniis dubbisuu dandeessu.
- Mana barumsaa oolmaa daa'iimmanii dura (umuriin 3-5) jiraniif, daa'imni keessan naannoowwan dalagaa, guddinaa, fi/yookan qophii barnootaa irratti duubatti hafuu qabachuu isaa baruuf tarkaanffiin jalqabaa, Aanaa mana barumsaa isin, maatiin keessan keessa jiraattan dubbisuudha. Odeeffannoon aanaa mana barumsaa ittiin qunnaman baay'inaan marsariitii Aanichaa irratti argamuu danda'u.

## 2. Tarkaanfiiwwan Giddu-galumsaa vs. Gaaffii Madaallii

- **Tarkaanfii Giddu-galumsaa:** Aanaalen mana barumsaa karaa barattoonni hundi akka baratan garagaarun akka kennan irraa eegama.  Barattoota dadhabbina qaban gargaarudhaaf, tarsiimoowwan barumsa ittiin sirreessan tarkaanfilee giddu-galumsaa jedhamu akkasumas barattoota hundaafi (malee barnoota addaa qofa miti).
- **Gaaffii Madaallii:** Madaallii barnoota addaa gaafachuun tarkaanfilee giddu-galumsaatiin tokko miti. Tarkaanfileen giddu-galumsaa madaallii dura yookan yeroo madaallii gaggeeffamuu qabu. Aanan mana barumsaa madaallii tursiisudhaaf tarkaanfilee giddu-galumsaatti fayyadamuu dhiisuu mala. Yoo tarkaanfileen giddu-galumsaa gaggeeffamuu hafe, madaallii waliin yeroo walfakkaatatti taasiifamuu qabu.

KAROORA TARSIIMOOTTI DEEBI'UU

Ohio | Department of Education

# Karoora Tarsiimoo Madaallii

MAATILEE DAA'IMMAN UMURIIN ISAANII 3 - 21 TA'E QABANIIF

## 3. Gaaffii Madaallii

- Yoo daa'imni keessan hir'ina qaamaa akka qabu shakkitan, madaallii barnoota addaa gaafachuu dandeessu. Kuni barreeffamaan ta'uu hin barbaachisu; haa ta'u malee, galmee keessaniif jecha guyyaa gaaffii galmeessun gaaridha.
- Mana barumsaa oolmaa daa'immanii duraatif, yeroo isin akka maatitti hojjettoota barnoota addaa Aanaa mana barumsaa keessan keessa jiran dubbistan, yoo daa'imni keessan tajaajiloota barnoota addaa mana barumsaa oolmaa daa'immanii duraa fudhachuuf gahumsa qabaachuu fi dhabuu isaa akkasumas sagantaalee kamtu fedhiiwwan dhuunfaa isaa yookan ishee akka sirritti simatu murteessuuf, gaaffii madaallii gaafachuu kaasuu dandeessu.
- Aanichi gaaffii keessaniif deebii kennuudhaf, guyyaa gaaficha itti fudhatee kaasee guyyoota kaalandaraa 30 qaba. Aanichi hubachiisa barreeffamaa dursa kennamu (PR-01 jedhamu) kan Aanan hir'ina qaamaa akka hin shakkine ibsu isiniif erguu (geessituu unkaa PR-01) yookaan madaallii gaggeessudhaaf eeyyama keessan argachuu qaba. Aanichi garagalcha Hubachiisa Eegumsa Adeemsa Barnoota Addaa (Special Education Procedural Safeguards Notice)
  "Qajeelfama Mirgoota Maatin Barnoota Addaa Irratti Qabanii " jedhamu isiniif kenna.
- Aanaan tarkaanfilee giddu-galumsaa kennuudhaf jecha madaallii tursiisuun hin eeyyamamuuf. Yoo Aanaan hanga ammaatti madaallii dura tarkaanfilee giddu-galumsaa hin kennine, aanichi dirqama tarkaanfilee giddu-galumsaa madaallii waliin yeroo walfakkaatatti gaggeessuu qaba.
- Yoo Aanan hir'ina qaamaa hin shakkine, daa'imni keessan barnoota waliigalaatiin itti fufa. Yoo murtii Aanichaa irratti walii hin galle, karaa Kutaa Barnootaaa Ohaayihoo" geessituu kanaan filannoo furmaata waldhabbii hordofuu maltu.

## 4. Eeyyama Madaallii

- Yoo Aanichi hir'ina qaamaa shakke, eeyyama barreeffamaa keessan (unkaan eeyyamaa PR-05: Parent Consent for Evaluation jedhamu) (geessituu gara unkaa eeyyamaa) ni gaafata. Guyyaa eeyyama keessanii irraa kaasee, aanichi madaallicha xumuurudhaaf guyyoota kalaandaraa 60 qaba.
- Mana barumsaa oolmaa daa'immanii dura jiruuf, daa'imni keessan umuriin isaa 3-5 ta'e sagantaa oolmaa daa'immanii dura jiru hordofee kan hin beekne yoo ta'e, yookan daa'imichi IDEA Part C (Giddu-galummaa isa duraa) irraa gara Part B (Barnoota Addaa) kan hin ceene yoo ta'e, aanan mana barumsaa tarkaanfilee giddu-galumsaa kennuudhaf carraa qabaachuu dhiisuu akka malu hubachuun barbaachisaadha. Yoo daa'imichi duraan akkaataa tajaajiloota Part C fi/yookan Part B IDEA tajaajiloota fudhachaa ture yookan akkaataa ramaddii hir'ina qaamaa rakkina barumsaa murtaa'aa shakkameetti madaalamaa jiraate, tarkaanfileen giddu-galumsaa daa'imman oolmaa daa'immanii dura jiran qofaaf barbaadama. Yoo tarkaanfileen giddu-galumsaa riiferaalii dura kennamanii hin jiraanne,Aanan mana barumsaa tarkaanfilee giddu-galumsaa barbaachisaa ta'an yeroo walfakkaatatti yeroo guyyaa jaatamaa kan Aanan mana barumsaa madaallii guutuu fi dhuunfaa itti gaggeessutti hojiirra oolchuu mala, kunis yaaddoo daa'ima mana barumsaa oolmaa daa'immanii dura jiruu kan naannoowwan guddinaa armaan gadii keessaa tokko yookan hedduu irratti barfannaa qabuu fi sababa sanaan barnoota addaa fi tajaajiloota hidhata qaban barbaaduu furuufidha: Amala dandamannaa, adeemsa beekumsa horachuu, qunnamtii, dhageettii, ijaa, miiraa/dalagaa maashaa, dalagaa hawaasaa/miiraa fi/yookan dalagaa amalaa. Aanan mana barumsichaa daa'ima tajaajiloota barnoota addaatif gahumsa qabaachuu fi dhiisuudhaaf madaalamaa jiru haala barbaachisaa hin taanen duubatti hambisuuf, tarkaanfilee giddu-galumsaa kanneenitti fayyadamuu hin danda'u.

KAROORA TARSIIMOOTTI DEEBI'UU

## 5. Adeemsa Madaallii

- Yoo Aanichi daa'imni akka madaalamu murteesse, maatii dabalatee, gareen namoota gahumsa qabanii ramaddiiwwan hir'ina qaamaa shakkamee fi naannoowwan qoratamuu barbaachisan ni mari'atu. Kuni hundi unkaa karoora Gabaasa Garee Madaallii (Evaluation Team Report, ETR) irratti galmeeffamuu qaba, kunis daa'imman Mana barumsaa oolamaa daa'immanii dura jiraanii fi Umurii Barumsaa irra jiraniif akaakuwwan garaagaraa qaba. (geessituu Oolmaa daa'immanii) (geessituu Umurii Barumsaa)
- Naannoo fedhiin jiran hundi deeggarsa kamtu caalaa akka daa'ima keessan gargaaru murteessuf madaalamuu qabu.
- Aanichi naannoo inni madaaluf karoorse qofa malee, madaalliiwwan addaa inni fayyadamuuf deemu maqaa dhahuu hin qabu. Mana barumsaa oolmaa daa'immanii dura jiruuf, naannoowwan guddinaa hundi madaalamuu qabu.
- Walgahiin karooraa kuni madaalliiwwan kamiyyuu gaggeeffamuun dura taasifamuu qaba. Isin akka maatitti, madaallii kennamuuf deemu murteessuu irratti gargaaruf garee kana keessatti miseensa socho'u taatu.
- Mana barumsaa oolmaa daa'immanii dura jiraniif, naannoowwan guddinaa hundi, yoo xiqqaate maloota/maddoota deetaa madaallii 5 keessaa tokko fayyadamuun madaalamuu qabu. AKKASUMAS malli/maddi deetaa madaallii tokkoon tokkoon yoo xiqqaate si'a tokko faayidaa irra ooluu qabu. Fedhiiwwan barnoota addaa fi tajaajila hidhata qabu daa'imichaa hundaa, ramaddii hir'ina qaamaa daa'imichi keessatti ramadame waliin hidhata qabaachuu fi dhabuu isaa adda baasuf, madaaliin haala gahaa ta'een waliigala ta'uu akka qabu yaadadhaa.

## 6. Gabaasni Garee Madaallii Jalqabaa xumuurameera

- Akka maatitti, Affeerraa Maatii (PR-02 jedhamu) deetaa madaallii fi cuunfawwan madaalliiwwan taasifaman hundaa akka madaaltan ni fudhattu. PR-02'n aanan eenyu gara walgahichaatti akka fidu ibsuu qaba. Akka maatitti, akkasuma nama barbaaddan isin waliin gara walgahichaatti fiduu dandeessu.
- Gareen ogeessotaa fi maatii waliin ta'uudhan firiiwwan madaallichaa ni gamaggamu akkasumas daa'imichi daa'ima hir'ina qaamaa qabu ta'uu fi dhiisuu isaa ni murteessu. (geessituu gara unkaa ETR )

KAROORA TARSIIMOOTTI DEEBI'UU

# Karoora Tarsiimoo Madaallii

MAATILEE DAA'IMMAN UMURIIN ISAANII 3 - 21 TA'E QABANIIF

## 7. Seera qabeessummaa Murteessuu

- Yoo gareen akka maatitti isin dabalatu daa'imni keessan tajaajiloota barnoota addaatif gahumsa qabaachuu isaa argate, ramaddii gahumsaa ni murteessa. Yoo gareen daa'imni keessan akka gahumsa qabu hin arganne, daa'imni keessan sirna barnootaa barnoota addaa qofaan itti fufa. Miseensi garee kamiyyuu, maatii dabalataa, murtii garichaa irrati ibsa mormii galchuu mala. Yoo daa'imni keessan gahumsa kan hin qabne ta'ee argame, Madaallii Barnootaa Of-danda'aa (Independent Educational Evaluation) gaafachuu maltu. IEE'n carraa maatiin ogeessa alaa, Aanaadhaan hin qacaramne akka qabatu, madaallii barnootaaa dhuunfaa gaggeessu godhuudha.
- Mana barumsaa oolmaa daa'immanii dura jiruuf, yoo daa'imni keessan gahumsa kan hin qabne ta'ee argamee fi yeroo ammaa sagantaa mana barumsaa oolmaa daa'immanii dura jiruu keessatti hin galmoofne, aanichi tarreeffama filannoo sagantaalee naannoo fi/yookan aanaa mana barumsaatin gaggeeffamu kan argamuu malan kennuu mala.

## 8. Sagantaa Barnoota Dhuunfaa (IEP) jalqabaa qophaa'e

- Yoo gareen akka maatitti isin dabalatu daa'imni keessan barnoota addaatif gahumsa kan qabu ta'uu isaa murteesse, aanichi Sagantaa Barnoota Dhuunfaa (Individualized Education Program, IEP) qopheessudhaaf guyyoota 30 qaba. (geessituu gara unkaa IEP)
- IEP'n fedhiiwwan dhuunfaa Gabaasa Garee Madaallii (ETR) daa'ima keessanii keessatti adda baafaman akkaataa guddinni ittiin safaramu waliin galmawwanii fi kaayyoowwan safaramuu danda'aniin guutudhaaf, barnoota addatti saxaxaman qabaachuu qaba.
- Gareen IEP isin akka maatitti, barsiisan barnoota idilee daa'imichaa (yo daa'imichi barsiisaa qabaate), yoo xiqqaate barsiisaa barnoota addaa tokko, bakka bu'aa aanaa, nama firiiwwan madaallii hiikuu fi nama isin yookan aanichi daa'icha beeka yookan daa'imicha irratti fedhii qaba jettanii yaaddan dabalata.
- Mana barumsaa oolmaa daa'imaa dura jiruuf, miseensonni garee IEP kan dabalatu: Maatii, Barsiisaa Barnoota Addaa, Barsiisaa/Dhiheessaa Barnoota Addaa fi Bakka Bu'aa Aanaa.
- IEP jalqabaatif, isin akka maatitti tajaajilootaf eeyyama kennuu qabdu. Yoo eeyyama kennuu dhiistan, daa'imni keessan tajaajiloota IEP hin argatu.
- Eeyyamni keessan IEP jalqabaa (yookan ramaddii barnootaa keessatti ta'u kamiyyuu) qofaaf barbaachisullee, aanaalen mana barumsaa walgahiiwwan IEP hunda irratti akka argamtanii fi hirmaattan isin affeerun irraa eegama. Eeyyama IEP daa'ima keessaniif kennitan yeroo kamittuu kaasuf mirga qabdu.

KAROORA TARSIIMOOTTI DEEBI'UU

# Karoora Tarsiimoo Madaallii

MAATILEE DAA'IMMAN UMURIIN ISAANII 3 - 21 TA'E QABANIIF

## 9. IEP jalqabaa hojii irra oole

- Aanichi tajaajiloota IEP baratаа keessatti dabalaman akka kennu irraa eegama.
- Tokkoon tokkoon aanaa mana barumsaa barnoonni hawaasaa barbaachisaa bilisa ta'e (FAPE) naannoo daangeffama xiqqaa qabu (the least restrictive environment, LRE) keessatti daa'imman hir'ina qaamaa qaban hundaaf kennamuu isaa mirkaneessuu qabu. Mana barumsaa oolmaa daa'immanii dura jiruuf, kuni aanichi sagantaalee daa'imummaa duraa waliigalaa hawaasaa mataa isaa gaggeessuu fi dhiisuu isaa yookan ejensoota barnootaa kan birootif kontiraata kennuu isaa irratti hin hundaa'u.

KAROORA TARSIIMOOTTI DEEBI'UU